# Talaalliiwwan COVID-19 fi Fayyaa Wal-Hormaataa

## Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Waa'ee talaalliiwwan COVID-19 akkamitti akka fayyaa wal-hormaataa irratti dhiibbaa geechisuu danda'an yaaddoowwan qabaachuun wanta barameedha. Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wirtuuwwan Too'annoo fi Ittisa Dhibee) namoota ji'a 6 guutanii fi isaa oli tahaniif talaalliiwwan COVID-19 akka fudhataniif ni jajjabeessa, kanneen amma ulfa ta'uuf yaala jiran, yookaan gara fuula duraatti ulfa ta'uu danda'aan dabalatee. Yeroo ammaa kana talaalliiwwan COVID-19 dabalatee talaalliwwan kamiyyuu rakkoowwan dhala godhachuun wal-qabatu amma yookaan gara fuulduraatti fidan irratti ragaan hin jiru.

Namoonni mata dureewwan galmee kana keessatti caqafaman yeroo argan sababa kanaan dura waa'ee hormaataa irratti rakkoolee qabaniif, sababa halluu bifa isaanitiin sanyiin adda qoodamuu miidhaa sammuu seenaa irra gaheef ykn kutaa fayyaa keessatti dubartoota/dhiirota saala jijjiirratan fi dubartoota/namoota saalli isaanii addaa saala isaanii kanneen beeksisuu hin feene komiiwwan fayyaa waliigalaa mudateen miira keessa seenuu danda'u.

**Gaaffilee baratamoo waa'eet alaallii COVID-19 fi fayyaa wal-hormaataa gaafataman deebisuuf kanneen armaan gadii ilaalaa.**

### GAAFFII: Dandeettiin daa'imman godhachuu koo sababa talaallii COVID-19 tiin miidhamuu danda'aa?

**A:** Ragaan talaalliiwwan COVID-19 dabalatee talaallin kamiyyuu saala/koorniyaa ilaalcha keessa osoo hin galchin rakkoo dhala godhachuu akka fidan agarsiisu hin jiru. Talaalliiwwan kunnnen sirna dandamannaa dhukkubaa qaamaa keessan waliin vaayirasii koronaa ittisuuf kan hojjetuu fi qaamolee sirna walhormaataa keessan keessa hin galan. Yaaliiwwan kilinikaa talaalliiwwan COVID-19 irratti godhamee fi qorannoo namoota wal fuudhan baay'ee kan dhala godhachuuf yaala jiran irratti taasifameen, carraan ulfa ta'uu kanneen talaallii COVID-19 fudhatanii fi hin fudhannee garaagarummaa hin qabu. Talaalliwwan COVID-19 miidhaa kan hin qaqqabsiifne fi bu'a qabeeyyidha. Centers for Disease Control and Prevention (CDC), American College of Obstetricians and Gynecologists (ACOG, Kolleejjii Ogeessota Fayyaa Daa'umsaa fi Gadaameessaa Ameerikaa fi Society for Maternal-Fetal Medicine (SMFM, Hawaasa Waldhaansa Haadholii fi Micireе) , talaallin COVID-19 haadholii ulfa ta'aanif, kan harma hoosisaa jiraniifi ulfa ta'uudhaf karoora qabaniif akka kennamu gorsu.

Maaliif talaalliin COVID akka gorsamu Dr. LaSalle irraa dhagahuuf geechistuu kana daawwadhaa: Walhormaataa fi Talaalliiwwan COVID-19 - YouTube

### GAAFFII: Talaallichi marsaa laguu koo ni jijjiiraa?

**A:** Namoota dhuunfaa talaallii COVID-19 fudhatan keessaa kutaan muraasni erga talaallii fudhatanii booda jijjiiramni marsaa laguu kanneen akka marsaawwan laguu yeroo dheeradhaaf isaan irra turuu, marsaawwan laguu giddu yeroon jiru gabaabbachuu yookaan dhiigni kan barame caalaa cimaa ta'e mul'achuu isaanii gabaasanii jiru. Akka qorannoo 2022 gaggeeffametti namoonni dhuunfaa marsaa laguu irra osoo jiranuu talaallii COVID-19 fudhatan naannoo yeroo dooziiwwan isaanitti dheerina guyyaa tokkoo hin caalle dheerina yeroo marsaa laguu isaaniitti akka dabalame agarsiisaa. Garaagarummaan guyyaa tokkoo garaagarummaa marsaawwan laguu baramoo ta'an gidduu jiruudha. Jijjiiramoota yeroo gabaabaa marsaa laguu irratti dhufuu danda'an irraan kan hafe **ragaan talaalliiwwan COVID-19 wal-hormaata irratti dhiibbaa akka fidan agarsiisu hin argamne.** Jijjiiramni marsaa laguu keessan irratti dhufu yeroo hanqaaqun hormaataaf qophaa'u jijjiiruu danda'a. Namoonni karoora maatii uumamaa fayyadamanii fi tooftaawwan biroo marsaa lakkaa'uu fayyadaman yeroo hanqaaqun hormaataaf qophaa'u adda baasuu fi ulfa ta'uu ittisuu/karoorsun caalatti itti ulfaachuu danda'a. Waa'ee marsaa keessanii mari'achuu fi karoora maatii ilaalchiseebal'inaan hubachuuf dhiyeessitoota tajaajila fayyaa keessan waliin mari'adhaa.

### GAAFFII: Talaallin COVID-19 ittisa ulfaa irratti dhiibbaa fiduu danda'aa?

**A:** Akkataa Planned Perenthood tti ragaan talaalliin COVID-19 dhiibbaa inni akka ittisni ulfaa bu'a qabeessummaa isaa dabalu ykn hir'isu godhuu isaagarsiisu hin jiru. Yeroo kanatti, gabaasonni namoota dhuunfaa talaalli fudhatan irraa erga talaallii fudhatanii booda ittisi ulfaa isaanii akka hojjechuu dhaabe agarsiisan hin jiran. Gabaasonni jijjiiramootamarsaa laguu jiraatanis, kuni ittisni ulfaa namaa hammaam haala gaarin akka hojjetu irratti dhiibbaa hin qabu. Kunis yeroo marsaawwanlaguu fi hanqaaqun hormaataa itti qophaa'u hordofuuf rakkoo uumu mala; namoonni mala ittisa da'umsaa uumamaa kanneen akka tooftaa beekumsa hormaataa fayyadaman yeroo hanqaaqun hormaataa isaanii itti qophaa'ubeekuun itti ulfaachuu mala. Meeshaaleen namoonni dhuunfaa yeroo hanqaaqun hormaataa isaanii qophii ta'uu isaa akka hordofan gargaaran ni jiru. Dhiyessitoota tajaajila fayyaa keessan waliin waa'ee filannoowwan keessanii fi caalatti hubachuuf akka mir'attan ni gorfama.

## GAAFFII: Talaallichi sanyii dhiiraa irrattii dhiibbaa geessisuu fi/yookaan wal-quunnamtii irratti dadhabina fiduu danda'aa?

**A:** Ragaan talaalliiwwan kamiyyuu talaalliiwwan COVID-19 dabalatee qaamolee wal-hormaataa dhiiraa irratti dhiibbaa hormaataa yookaan dadhabuu wal quunnamtii saalaa fidu agarsiisuu hin jiru. Yeroo dhiyeenyatti qorannoon xiqqaan dhiirota fayyaaleyyii 45 kanneen talaallii COVID-19 mRNA fudhatan irratti gaggeeffamee, osoo talaallii hin fudhatanii fi erga fudhataniin booda amaloota sanyii kormaa kanneen akka hammamtaa fi sochii ilaalera. Qorattoonni talaallii booda amaloota sanyii kormaa kanneen irratti jijjiirama kan hin argine. Karaa biraan, qorannoon tokko dhiironni erga COVID-19 qabamaniin booda hanga guyyaa 60 tti gadi bu'uu hormaataa wajjiin wal-qabachuu akka danda'u agarsiisera. Qaama gubaan dhukkuba kamiyyuu irraa fi mallattoon baramaanCOVID-19 yeroo gabaabaaf oomisha hormaata sanyii dhiiraa irratti hir'ina fiduu danda'u. Qaama Gubaan miidhaa cinaa talaallii COVID-19 ta'uu danda'us, yeroo ammaatti ragaan talaallii COVID booda qaama gubaan oomisha sanyii kormaa miidha kan jedhu hin jiru. Yoo yaaddoowwan dabalataa qabaattan, ogeessa fayyaa keessan wajjiin haasa'aa.

## GAAFFII: Talaallichi waldhaansotaIVF (In Vitro Fertilization) irratti dhiibbaa qabaa?

**A:** Ragaan talaalliin COVID-19 dhiibbaa inni bu'aawwan namootaIVF fudhatan irratti geessisu ragaan agarsiisu hin jiru. Qorannoowwan akka agarsiisanitti dhiibbaan talaallin COVID-19 mRNA hammamtaawwan milkaa'ina IVF irratti fidu hin jiru. Qorannoon tokko akka agarsiisutti dhukkubsattoota talaallii fudhatanii fi talaallii hin fudhannee wal bira qabuun deebii kakkaastuu oovaarii, qulqullina hanqaaquu, guddina miciree yookaan bu'aawwan ulfaa irratti garaagarummaan guddaanhin jiru. Talaalliiwwan COVID-19 hormaata irratti dhiibbaa akka hin qabaanneef kanneen dhala godhachuuf rakkachaa jiraniifis rakkoo dabalataa akka hin qabne beekameera. Talaalliwwan hedduun kan akka talaalliiwwan infuleenzaa, teetaanasii fi dipiteeriyaa jiran yeroo ulfaa fi dursa ulfaa haala baratamaa fi bal'aa hin qabneen kennamu. Talaalliin COVID-19 kanneen ulfa ta'uuf yaalaa jiran dabalatee nama ji'a 6 fi isaa oli ta'e kamiyyuufu ni gorfama.

## GAAFFII: Talaallin COVID-19 Ulfa baasisuu fiduu danda'aa?

**A:** Lakki, talaallin COVID-19 ulfa dura, yeroo ulfaa fi ulfa boodas fayyaa irratti bal'aa hin fidan. Ragaan talaalliiwwan COVID-19 fudhachuun carraa ulfa baasisuu akka dabalu agarsiisu hin jiru. Kanneen talaallii COVID-19 fudhatan irratti carraan ulfa baasisuu ol'aanaa ta'uu isaa agarsiisu hin jiru.

Hammi namooti ulfi irraa bahuu kan namooti yaadaniin olitti ol'aanaadha, warreen ulfa ta'an keessaadhibbeentaa 10 hanga 20 ulfa baasuun kan xumuramuudha. Namooti muraasni talaallii fudhatan irraa ulfi bahuu danda'a, garuu kuni talaallii wajjiin wal hin qabatu- ulfi bahuun haala talaallin osoo wal hin qabatin uumamuu danda'a. Dhugumattinamoonni yeroo jalqaba ulfaa irratti dhibee COVID-19 dhan daraan dhukkubsatan carraa ulfi bahuu o'aanaa qabu. Talaallii fudhachuun isinii fi daa'ima keessan COVID-19 irraa hunda caalaa kan isin eegudha.


## Qabeenyota

Centers for Disease Control and Prevention, "COVID-19 Vaccines for People Who Would Like to Have a Baby". 2022. Sarara irratti kan armaan gadii irratti argama: COVID-19 Vaccines for People Who Would Like to Have a Baby | CDC

American College of Obstetricians and Gynecologists, 'COVID-19 Vaccination Considerations for Obstetric-Gynecologic Care". 2022. Sarara irratti kan armaan gadii irratti argama: COVID-19 Vaccination Considerations for Obstetric–Gynecologic Care | ACOG

World Health Organization, "Questions and Answers: COVID-19 vaccines and pregnancy." 2022. Sarara irratti kan armaan gadii irratti argama: Questions and Answers: COVID-19 vaccines and pregnancy (who.int)

Mount Sinai, "Large Study Provides Reassurance that COVID-19 Vaccination Does Not Affect Fertility or Early Pregnancy." 2022. Sarara irratti kan armaan gadii irratti argama: Large Study Provides Reassurance that COVID-19 Vaccination Does Not Affect Fertility or Early Pregnancy | Mount Sinai - New York


***Yeroo hundaa ogeessota kunuunsa fayyaa amanamoo keessan wajjiin waa'ee murteewwan fayyaa dhuunfaa mari'adhaa.***


Washington State Department of Health

DOH 825-053 July 2022 Oromo


Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoota dhaga'uu hin dandeenye ykn dhaga'uu irratti rakkoo qabdaniif, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.